Seera maatii fi Jeequmsa Maatii Australia keessaa

.

Seerri maatii Australia keessaa maali?

Jeequmsa maatii jechuun maal jechuu dha?

Ajajni ittisa jeeqamsa maatii jechuun maal jechuu dha?

Wal-hiikuu yokna gargar bahiinsa booda ijoolleen akkam tahu?

Bakka gargaarsi irraa argamu.

[Oromo]

Odeeffannoo hawaasa haaraa Magaalaa Yarra (City of Yarra) keessa qubataniif

FITZROY LEGAL SERVICE INC.

Barruun kun gargaarsa Sagantaa Homisha Hawaasaa Magaalaa Yarra (City of Yarra's Investing in Community Grants Program) fi Bu'ura Bennelong (Bennelong Foundation) tiin Tajaajila Seerawinsa Fitzroy (Fitzroy Legal Service) dhaan qopheessame.

Hamilatni (project) kan inni milkaawuu danda'eef sababa qajeelfamaa fi yaad-gabbisa (feedback) Koree Sochoostuu kan miseensota Australian Multicultural Foundation, Neighbourhood Justice Centre, InTouch, New Hope Foundation, Women's Health in the North, coHealth, Brotherhood of St Laurence, Victoria Police, Men's Referral Service fi City of Yarra irraa keessatti hirmaatameef. Mariisaa hawaasa waliin gaggeessines Ecumenical Migration Centre, Carringbush fi coHealth nuuf tumsanii jiran.

This booklet is legal information only, and is not intended as legal advice. Please see a lawyer at a community legal centre if you need advice about a specific issue. The information in this booklet was correct as of date of publish: 21 August 2017.

Qabiyyee fuulaa

QABIYYEE FUULAA 3

SEERA MAATII 5

SEERRI MAATII MAALI? 5
WAL-FUUDHIIN SEERA AUSTRALIA KEESSATTI MAALI? 5
Umrii 5
Wal-rratti (Dabala) fuudhuu 5
Walitti galuu (De-facto) 6
HARIIROON DIIGAMUU (RELATIONSHIP BREAKDOWNS) 6
Adda bahiinsa (Separation) 6
Wal hiikuu (Divorce) 7
DHADACHA SEERA MAATII (THE FAMILY LAW COURTS) 7
JAARSUMMAA (MEDIATION) 8

JEEQUMSA MAATII (FAMILY VIOLENCE) 9

JEEQUMSI MATII MAAL JECHUU DHA? (WHAT IS FAMILY VIOLENCE?) 9
JEEQUMSA MAATIIDHAAN EENYUTU HUBAMA? 10
JEEQUMSI MAATII WAAN AKKAMII TI? 11
JEEQUMSA MAATII FI OFITTI-FUDHATIINSA/VIZA JAALALLOO (FAMILY VIOLENCE AND SPONSORSHIP/PARTNER VISAS) 14
POLISII 15

AJAJA JEEQUMSA MAATII (FAMILY VIOLENCE ORDER) 17

'AJAJNI' ('ORDER' MAALI?' 17
Akeekkachiisa eeggannoo jeequmsa maatii (Family violence safety notice) 17
Ajaja Ittisa Yeroof (Interim intervention order) 17
Intervention order 18
AJAJA ITTISAA CABSUU (BREACHING AN INTERVENTION ORDER) 19

IJOOLLOTNI KOO AKKAM TAHU? 21

IJJOOLLEEN EENYU (WHO IS A CHILD?) 21
ADDAAN BAHUU YOKNA WAL HIIKUU BOODA IJOOLLEEN EESSA JIRAATU? 21

WADDAAN BAHUU YOKAN WAL HIIKUU BOODA EESSA AKKA IJOOLLEEN JIRAATAN EENYU MURTEESSA? 22

GARGAARSAAF BAKKA QUNNAMUU SI BARBAACHISU 25

DHADACHA MAATII (FAMILY COURT) 25

JAARSUMMAA 25

NAMOOTA DHIMMA JEEQUMSA MAATIIF QUNNAMUU BARBAADANIIF 26

KAN MIIDHAMAN/DANDAMATAN BAKKA QUNNAMUU QABAN 27

AJAJA ADDAAN (INTERVENTION ORDER) ITTISAAF IYYACHUU 28

Sararaa iirraan (Online) 28

At Dhadacha Naannoo Giddu-galeessa Seerawiinsa Ollummaa (Neighbourhood Justice Centre Magistrates' Court) 28

Bakka buufata polisii naannoo kee 28

Seera Maatii

Seerri maatii maali?

Seerri maatii jecha (term) hariiroo maatii gidduu jiru ittiin ibsuuf dhimmi itti bahamuu dha.

Seerri maatii waa'ee wal-fuudhii, adda bahiinsa, wal hiikuu (divorce), qabeenyaa maatii gidduu, fi kunuunsa ijoollee (erga hariiroon diigameen booda ijoolleen eenyu waliin akka jiraatan) dabala.

Rakkoo seeraa maatii yoo qabaatan hundumtuu abbaa seeraa irraa gargaarsa argachuuf mirga ni qaban. Giddu-galeessi seerawiinsa hawaasaa (community legal center) gorsa seeraa tola keennuu fi tola yokan gatii saphlaa taheen bakka bu'iinsa kennuu ni danda'a.

Seera Australia keessatti wal-fuudhi maali?

Wal-fuudhi Australia keessatti walitti eda'ama dhiiraa fi dhalaa gidduutti tahu kan kaan hin daballee dha.

Waggaa dhalootaa (Age)

Namni wal-fuudhuuf waggaan dhalootaa 18 yokan sanaa ol tahuu qaba. Namni wagaan dhalootaa 16 tahe haala addaa keessatti erga dhadachatti iyyatameen booda wal fuudhaaf tarii hayyamamuufii mala.

Wal-irratti (Dabala) fuudhuu (Polygamy)

Australia keessatti namni takkaa walfuudhan dabala fuudhuuf hin hayyamanuuf.

Walitti galuu (*De facto*)

Australia keessatti waliin jiraachuuf seerri siif beekuuf wal fuudhuu hin qabdu.

Jechi *walitti galuu* (*de facto*) jedhu namoota lameen (couples) hariiroo walfuudhuu fakkaatu waligidduutii qaban, garuu seeraan ifatti kan wal hin fuudhin jechuu dha. Kun yeroo hedduu Australia keessatti beekamaa kan tahee fi (saala wal fakkaataa namoota lameen (dhiiraa fi dhiira, dubartii fi dubartii) gidduu hariiroo jiru kan dabaluu dha.

Hariiroon diigamuu (Relationship breakdowns)

Adda bahiinsa (Separation)

Addaan bahiinsi (separation) jechuun yeroo namni tokko yokan namootni lama hariiroo waliin qabaataa turan hariiroo sana itti fufuu hin barbaadnee dha.

Australia keessatti filmaata nama tokkoo kan hariiroo sana keessa jiruu tahuu danda'a. Jaalalloon hariiroo kana keessa jiru itti walii galuu hin barbaachisu.

Adda bahuuf tartiibni seeraa beekamaan hin jiru. Adda bahuuf, tokkoon (yokan lameen) hariiroo waliin qaban tokko kaaniin akka hiriiroo sana keessa jiraachuu hin barbaadne itti himuu dha.

Lameen adda bahanii garuu mana tokko keessa waliin jiraachuu danda'an.

Wal-hiikuu (Divorce)

Wal-hiikaan ajaja seeraa kan wal fuudhiitti xumura kennuu dha. Wal-hiikuun kan seeraan beekamu (grant) yoo:

- Lameen baatii 12f add bahan fi
- Hariiroon wal gidduutii qaban adda caccabee/diigamee (deebisanii waliin jiraachuu kan hin dandeenye yoo tahe).

Seerri namni hariiroo sana keessa jiru badii dalaguu dhugoomsuu **hin barbaachisu**.

Lammiileen Australia fi jiraattotni yeroo dheeraaf jiraatan Dhadacha Seera Maatiitti (Family Law Courts) wal hiikuuf iyyachuu danda'an.

Odeeffannoo caaluuf, giddu-galeessa seeraa hawaasa naannoo, Gargaarsa seeraa Victoria (Victoria Legal Aid) yokan mar-sariitee (website) Dhadacha Seera Maatii (Family Law Courts) laaluu dandeessa(daree Qunnamtii si gargaara (Helpful Contacts section) jedhu laali.

Dhadacha Seera Maatii (The Family Law Courts)

Yeroo tokko tokko, hariiroon diigamuudhaan booda bakka ijoolleen jiraatan yokan eenyu akka isaan eegu yoo warri waliif hin galan tahe dhadachaatti xumura argachuu malan.

Yoo akkas tahe gargaarsa argachuuf giddu-galeessa seera hawaasaa yokan Gargaarsa Seeraa Victoria (Victorian Legal Aid) qunnamuun barbaachisaa taha.

Victoria keessa dhimma seera maatii kan dhageeffatu dhadacha lamatu jiran:

Dhdacha Federaalaa Bakkaa bakka irra naannwu (Federal Circuit Court)	Dhadachi kun rakkoo seera maatii irra hedduutti murtii kenna.
Dhadacha Maatii (Family Court)	Dhadachi kun rakkina seera maatii rakkisaa tahetti murtii kenna.

Jaarsummaa (Mediation)

Jaarsummaan maatii yeroo namootni lameen waliin jiraataa turan yeroo gargar bahan yokan wal hiikan maaltu akka tahuuf jiru ilaalchisee waliif galuu hanqatanii waliin dubbachuudhaan waliigaltee irra gahuu jechuu dha. Namni ogeessi Furmaata Waldhabbii Maatii (Family Dispute Resolution) irraa walgahii isaanii kana gaggeessaaf.

Namni jaarsummaa kana gaggeessu gama lamaan irraa dhaggeeffatee namootni lameen waan isaaniif tahu irra akka gahan gargaara.

Jaarsummaan osoo isaan gara dhadachaa hin dhaqin akka rakkinichi furamu gargaaruu danda'a. Kun namoota rakkoo seera maatii qabaniif gatii guddaa kan hin baasisnee fi furmaata saphlaa dha.

Jeequmsi maatii keessa jira yoo tahe bifa kanaan jaarsummaa dubbachuun sirrii hint ahu.

Jeequmsa Maatii (Family Violence)

Jeequmsi maatii maali jechuu dha?[1]

Jeequmsi maatii jeequmsa qaama yokan qalbii irratti maatii gidduutti gaggeessamuu dha. Kunis **akkaataa to'annaa** kan namni tokko maatii keessaa isa tokko ittiin gadi qabuu fi to'atuu dha.

Jeequmsi maatii amala kan akka:

- Miidhaa qaamaa
- Sodaachisuu
- Waan namni sun hojjachuu barbaadu iraa ittisuu yokan dhorkuu
- Namni maatii keessaa sun waan filmaata ofii hin taane akka dalagu yokan raawwatu godhchuu.[2]

Jeequmsi maatii akkasumas jeequmsa mana keessaa (domestic violence) jedhamee beekama.

Barbaachisaa:
Jeequmsi maatii Victoria keessatti hin hayyamamu.

[1] Domestic Abuse Intervention Project , "Power and Control Wheel", http://www.theduluthmodel.org/training/wheels.html.
[2] Jones, A. & Schechter, S. (1992). When Love Goes Wrong. Melbourne: HarperCollins

Eenyutu jeequmsa maatiidhaan miidhama?

Kan miidhame/dandamate jedhamu nama jeequmsa maatiidhaan miidhamee dha. Akkasumas akka adda addaatti beekama:

Maatii keessaa nama miidhame	Jechi kun yeroo hedduu polisii fi mana seeraatti dhimmi itti bahama.
Nama ittisni taasisamuufii qabu	Jechi kun kan ajajni gar-gar ittisaa (intervention order) nama miidhame/dandamateef tikni godhamuufii qabu ibsuuf dhimmi itti bahama.

Namootni jeequmsa maatii keessatti jeequmsa taasisan yeroo hedduu 'miidhota' ('perpetrators') jedhamu. Kan yoo ajajni gar-gar ittisaa irra jiraatees 'deebi-kennaa' ('respondents') jedhamu.

Maatiin kam iyyuu jeequmsa maatiidhaan miidhamoo/dandamatoo tahuu danda'an. Namni maatii keessa kam illee miidhaa raawwachuu danda'a.

Jeequmsi maatii jeequmsa namoota waliin jiraatan gidduutti gaggeessamu, fakkeenyaaf, abbaa warraa fi haadha warraa gidduutti tahuu danda'a.

Akkasumas, maatii keessaa namoota hariiroo waliin qaban gidduutti, kan akka, ilmai haadha isaa irratti, yokan hintalli akaakayyuu ishee irratti jeequmsa gaggeessuu tahuu danda'a.

Australia keessatti sababoota irra guddaaf, jeequmsa maatii keessatti kan miidhaa raawwatu dhiiraa fi kan miidhaman/dandamatan dubartootaa fi ijoollee dha.

Jeequmsi maatii akkamiin of mul'isa?

Akka Labsii Ittisa Jeequmsa Maatii (Family Violence Protection Act) (2008)tti amalootni kanaa gadii kun yoo mul'atan namni sun matii irratti jeequmsa maatii gaggeesse jedhama:

Gosa jeequmsaa	**Fakkeenya:**
Miidhaa qaamaa (Physical abuse)	• rukuttaa • kaballaa (aboottaa) • darbannaa (humnaan) • itti-tufuu • dabbasaa (guftaa) mataa buqqisuu • jeequmsa miidhaa qaamaa kan biro bifa kam iyyuu kan miidhaa geessisu yokan nama kan biro sodaachisu
Miidhaa Saalaa (Sexual abuse)	• Humnaan itti roorrisuu (rape) • Dhaaninsa saalaa (sexual assault) • Dhaaninsa saalaa ijoollee (child sexual assault) • Dhungannaa bifa kam iyyuu hin barbaadamin, qabuu yokan amala saalummaa hin taane agarsiisuu (unwanted kissing, touching or sexual behavior)

Miidhaa yaadaa fi qalbii (Emotional or psychological abuse)	• miidhamaa/dandamataa maqaadhaan yaamuu (calling the victim/survivor names) • itti dhaadachuu (swearing) • kan miidhame/dandamate akka badii ofii tahetti akka yaadu taasisuu • kan miidhame/dandamate tuffachuu (humiliating a victim/survivor) • kan miidhame/dandamate akka of jibbu (badii koo ti jedhu) taasisuu (making a victim/survivor feel bad about themselves • amaloota bifa kam iyyuu kan hammeenya, tuffii yokan okkora raawwaatu (behaviour that torments, intimidates or harasses)
Miidhaa dinagdee (Economic abuse)	• maallaqa hunda irraa dhorkuu to'achuu (controlling all of the money) • miidhamaa/dandamataa maallaqa itti qoqqobuu, yokan akka miidhamaa/dandamataan maallaqa gaafatu taasisuu (limiting a victim/survivor's access to money, or making a victim/survivor ask for money) • miidhamaa/dandamataan akka dalagaa hin

arganne yokan dalaguu itti hin fufne taasisuu (preventing a victim/survivor from getting or keeping a job)

- miidhamaa/dandamataa dalagaa hojjachuu hin barbaadne yokan seeraa ala tahe akka dalagu dirqisiisuu (forcing a victim/survivor into work they do not want to do or that is illegal)

Barbaachisaa:
Miidhaan jechaa afaan English hin tahiniin yoo dubbatames (raawwatames) amma illee miidhaa qalbii jedhama.

Sodaachisa (Horiisaa) (Threatening)

- maatii keessaa akka baqatu sodaachisuu (threatening to leave a family member)
- miidhamaa/dandamataa yokan ijoollee miidhuuf/ajjeesuuf sodaachisuu (threatening to hurt or kill oneself, the victim/survivor or their children)
- ijoollee duraa fudhachuuf sodaachisuu (threatening to take the children away)
- beeyilada manaa duraa ajjeesuu, yokan akka duutuuf sababa itti tahuu (causing, or threatening to cause, the death of an animal)

Humnaan dirquu

- miidhamaa/dandamataa akka ofiif barbaadan

(Coercive) taasisuu

- waan namni miidhamaa/dandamataan hojjachuu hin barbaadne humnaan hojjachiisuu

Yokan godchaa kan biro bifa kamiin iyyuu to'annoo yokan gadi qabaa miidhamaa/dandamataa irratti raawwatamuu fi nageenya (safety) yokan nagawooma (wellbeing) ofii isaaniifis yokan kan nama biroof kan isaan sodaachisu yoo tahe.

Amalli kanaa olii kun yokan amala kanaa olitti jiru akan irraa kan ka'e ijoolleen yoo dhagahan yokan argan jeequmsa maatii jedhama.

Jeequmsa maatii arguun ijoolleedhaaf yaadannoo baay'ee rifachiisaa (traumatic) kan itti tahuu danda'uu fi jeequma qalbii yeroo dheeraa kan itti fiduu dha. Odeeffaannoo caaluu kan ***Ijoollota koo hoo akkamin godha?*** jedhu ilaali.

Viza ittiin ofitti fudhachuu/jaalalloo fi jeequmsa maatii (Family violence and sponsorship/partner visas)

Yoo namni viza jaalalloo (partner visa) qabatee gara Australia dhufe hariiroo nageenya qabu keessaa jiraachuu, fi yoo nageenya dhaban (unsafe) yokan miidhaan irra gahe polisii qunnamuu danda'an.

Kan yoo namni sun hayyama ittiin jireenyaaf yaaddoo qabaatee fi kan yoo jeequmsa sana gabaasee maaltu akka tahuuf jiru beekuu yoo fedhee Gargaarsa Seeraa Victoria (Victoria Legal Aid) qunnamuutu irra jira. Yoo hariiroo waliin qaban dhiisan illee filmaata Australia keessa tarii ittiin turamuun danda'amuuf gargaarsa argachuutu danda'ama.

Gaaffii

G: Namni tokko yoo waa'ee viza ofii yaadda'e maal gochuutu danda'amaaf?

D: Odeeffannoo irra caalaa argachuuf namni sun Gargaarsa Seeraa Victoria (Victoria Legal Aid) qunnamuu danda'a.

Polisii

Yeroo jeequmsi maatii sun raawwatamu nama arge yokan dhagaheen balaan jeequmsa maatii polisiitti gabaasamuu danda'ama.

Kunis miidhamaa/dandamataa, yokan ollaadhaan tahuu danda'a.

Balaan jeequmsa maatii polisitti yoo gabaasame polisiin kan godchuu danda'u:

- mana namichaa yokan bakk a biroo , kan akka mana barmootaatti itti dhaquu .
- qe'ee keessa seenuu fi maaltu akka raawwatame qorachuu, fakkoo (photos) ragaalee fudhachuufaa dabalee
- kan nageenya nama hundaaf karaa gaariidha jedhamee yaadameef nama miidhaa geessise hidhuu, yokan namni miidhaa geessise akka qe'ee sana keessaa bahu/deemu taasisuu
- nama miidhaa geessise himata itti bahuu (charge).
- Qabsiisa nageenyaa jeequmsa maatii itti kennuudhaan namni miidhaa geessise sun jeequmsa, miidhaa, to'annoo akka hin raawwatne yokan akka maatii sanatti hin hiiqne irraa dhaabuutu danda'ama.

Yoo namni miidhame/dandamate akka hin barbaadne illee haala uumame sanaaf polisiin tarkaanfii fudhachuu danda'a.

Gaaffii

G: Yoo polisiin akka ani mana koo gadi lakkisu na gaafate maal godchuun qaba?

D: Yoo akka ati mana gadi lakkistu polisiin si gaafate hin aarin, yoom fi dhadacha kam dhaquu akka si barbaachisu giddu-galeessa seera hawaasaa yokan Gargaarsa Seera Victoria gorsa gaafadhu. Polisiin jeequmsa maatii b akka guddaatti ilaala.

Ajaja Jeequmsa Maatii (Family Violence Orders)

'Ajaja' (order) jechuun maali?'

'Ajajni' jeequmsa maatii dhorkuudhaaf kennama. 'Ajaja' gosa adda addaatu jiru:

Waraqaa ibsa nageenya jeequmsa maatii (Family violence safety notice)

Yoo polisiin jeequmsi maatii tahee jira jedhee amane nama miidhame/baraarame sanaaf tika godchuufiif jecha waraqaa ibsa nageenya jeequmsa maatii kennuu danda'a. Polisiin waraqaa ibsa nageenya jeequmsa maatii kana nama miidhaa geessisetti erga/kenna.

Waraqaan ibsa nageenyaa guyyoota dalagaa shaniif, yokan hamma dubbichi mana seeraatti dhihaatee dhageeffatamutti kennama. Amala namticha miidhaa raawwatee sana ilaalchisees haallan waraqaa sana irratti ibsaman kanuma ajaja gargar ittisaa (intervention order) fakkaatu achi irrattis ni ibsama. Fakkeenyaaf, namni miidhaa geessise sun mana sana keessa jiraachuu akka hin dandeenye kan jedhu tahuu mala.

Waraqaan ibsaa kun hamma manni seeraa dubbicha dhaggeeffatutti bakkuma tura. Manni murtiis ajajni gargar ittisaa (intervention order) ni barbaachisaa fi hin barbaachisuu murteessa.

Gargar ittisa yeroo gabaabduu (Interim intervention order)

Manni murtii ajaja gargar ittisaa osoo hin kennin dura tarii ajaja gargar ittisa kan yeroo gabaabduu kennuu danda'a. Ajajni gargar ittisaa ajaja

seeraa fi kan miidhaa raawwate waan itti fufee raawwachuun hin taaneef kan ittisu of keessaa qaba.

Ajajni gargar ittisa yeroo gabaabduu guyyaa fi wal qunnamtiin kan miihdaa geessisee fi kan miidhame/baraarame gidduu jiraachuu qabu maal akka tahuu qabu kan hayyamuu dha.

Ajajni kun polisii yokan kan miidhame/baraarameen kan iyyatamuu, fi mana seeraatiin raggaasisamee kan kennamuu dha.

Ajaja gargar ittisaa (Intervention order)

Ajajni gargar ittisaa ajaja seeraa kan mana murtiidhaan kennamuu dha. Ajajni gargar ittisaa kun takkaahuu polisiidhaan yokan kan miidhame/baraarameen iyyatamuu danda'a.

Ajajni gargar ittisaa nama miidhaa raawwate waan dalaguu qabu irraa waan mana sana daangessu (dhorku) dhorku ni qaba.

Ajajni gargar ittisaa haalaa fi akkaataa matii sanaaf barbaachisu irratti kan hundaawu yoo tahe illee, garuu walumaa gala, ajajni kun akka namni miidhaa raawwate:

- jeequmsa maatii akka dabalee itti fufee raawwachuu hin qabne;
- tahe jedhee qabeenyaa akka hin miidhne (hin caccabsine) yokan miidhuuf akka hin sodaachisne (hin hoorine);
- nama miidhame/baraaramee ittisni seeraan godhameef sana akka barbaaduuf, hordofuuf (faana bu'uuf) yokan alaala (fageenya) irraa basaasuuf (surveillance) akka hin yaalle;

- waa'ee nama tikni seeraa godhameefii sana internet irratti maxxansuu, emaildhaan yokan gosa qunnamtii elektrikaa kam irrattis maxxansuu akka hin dandeenye;
- Nama tikni seeraa godhameef sana fuulaan akka itti hin dhaqne yokna fageenya meetirii [X] akka itti hin dhihaanne
- teessoo, bakka dalagaa, bakka jireenyaa yokan mana barmootaa, bakka oolmaa daa'immanii yokn bakka kunuunsa ijoollee nama ittisni seeraa godhameef sana akka hin deemne yokan meetirii [X] akka irraa fagaatu
- ajaja kana jalatti waan ibsame waan namni miidhaa geessise akka hin raawwatne dhorkame karaa nama kan biro akka raawwatamu godchuun hin danda'amu

Fakkeenyaaf: yoo ajajni kenname akka namni miidhaa raawwate akka nama miidhame/baraarame akka hin yaamne kan dhorku tahe akka namni kan biro yaamuuf gaafachuun hin danda'amu.

Barbaachisaa:
Fakkeenyi kunneen warren bebbeekamoo yeroo hedduu ajaja gargar ittisaa keessatti tarreessamanii dha. Haala jiru irratti hundaawee fi akka namoota dhimmi kun isaan ilaaluu irraa ka'uudhaan waan baay'een itti eda'amuu yokan sirrachuu danda'an.

Ajaja gargar ittisaa cabsuu (Breaching an intervention order)

Waan ajajni gargar ittisaa akka namni miidhaa geessise sun hin hojjenne ajaje yoo raawwate namni sun ajaja gargar ittisaa cabse jedhama.

Ajaja gargar ittisaa cabsuun yakka hamaa dha.

Naman ajaja gargar ittisaa cabse manni murtii hamma waggaa shaniitti mana hidhaa galchuu yokan maallaqa hamma $24,000 adabuu danda'a.

Ajaja gargar ittisaa cabsuun galmee yakkaa keessatti nama galmeessisuu danda'a.

Kan yoo namni miidhame/baraarame akka namni miidhee sun waan ajajni hin hayyamneef akka dalagu gaafates ajaja gargar ittisaa cabsee jira jedhama.

Namootni ajajni kun isaan ilaalu hundi waan ajajani kun jedhu hubachuun barbaachisaa dha.

Waan ifaa hin tahin yoo jiraate gorsa seeraa argachuu fi waan hunda gadi fageenyaan hubachuun barbaachisaa taha.

Giddu-galeessi seera hawaasaa jaja kana siif ibsuuf nama afaan siif hiiku/deebisu siif arguu danda'a.

Fakkeenya

Ajajni barbaachisaa tahee argame kan Jonathan irratti kenname ajajani gargar ittisaa kan haadha warraa isaa Maria jedhamtuuf tika godhu isatti kennamee jira. Ajajni gargar ittisaa akka Jonathan gara mana maatii sanaa hin dhaqne jedha.

Guyyaa tokko Maria dhukkubdee ijoollee sadii qabduuf gargaarsa waan barbaaddeef akka Jonathan mana ishee dhufuuf itti bilbiltee gaafatte. Jonathan konkolaataa kaafatee gara mana ishee deemee, ijoolleef nyaata hojjatee ijoollees raffise.

Ollaa isaanii kan jirtu, Angela, waa'ee ajaja gargar ittisaa isaan gidduu jiru waan beektuuf yeroo Jonathan dhufuu isaa argitu polisii itti yaamte. Polisiin Jonathan hidhee gara mana murtitti dhihaachuu isaa ti.

Ajajni ittisaa ishee irra waan hin jirreef Maria hin himatamtu. Jonathan waan ajajni hin godhin ittiin jedhe raawwachuu hin qabu.

Ijjoollotni koo akkam tahu?

Ijoolleen eenyu?

Akka Labsii Ittisa Jeequmsa Maatiitti ijoolleen kam iyyuu kan umriin dhalootaa 18 gadi tahee dha.

Gargar bahiinsa yokan wal hiikuu booda ijoollotni eessa jiraatu?

Australia keessatti warri ijoollee ofii arganii yeroos waliin dabarsuu danda'u.

Bakki ijoolleef nagaa tahee fi kunuunsa gahaa itti argatan ijoolleef gaarii tahuutti amanama.

Yoo danda'ame akka yaadaatti ijoolleen hundi jaalalaa fi kunuunsa warra lamaanii akka argatan godchuun gaarii tahuutti amanama.

Yoo ijoolleen warra isaanii keessaa tokkoo isaanii biratti balaan kan isaan argatu, yokan nageenya isaaniif gaarii miti yoo tahe, warri isaanii keessaa kan biraan (abbaan yokan haadhi) ijoollotaaf kunuunsa kennan.

Barbaachisaa:
Biyyoota tokko tokko keessatti yeroo warri lameen gargar bahan yokan wal hiikan abbaan ijoolleef kunuunsa guutuu kenna. Kun Australia keessatti HIN HOJJATU. Dhimmi hundi qofa qofaatti (mata-mataatti) ilaalaman.

Gargar bahiinsa yokan wal hiikuu booda ijoolleen eessa akka turan eenyutu murteessa?

Ijoolleen eessa akka jiraatan takkaahuu warri yokan Dhadachi Seera Maatii murteessuu danda'a.

Bakka ijoolleen itti gammadan fi nageenya qabuuf jiraachuu ilaalchisee yoo warri itti walii galanii fi yeroo itti ijoollee isaanii arguu qaban irrattis waliif galan tarii manni seeraa dhimmicha keessa seenee murteessuu hin barbaachisu taha.

Warri dhimma kanaaf gara mana murtii dhaquu irra jaarsummaadhaan fixachuu danda'u.

Fakkeenya:
Yasmin fi Michael sababa waliif galuu dadhabaniif adda adda babahuuf (break up) murteessatan. Ijoollota lama kan lamaan isaanii jaallatan qaban.

Jireenya isaanii keessatti jeequmsi maatii isaan mudatee hin beeku.

Yasmin fi Michael akka itti ijoollee isaaniif kunuunsa kennuu danda'an irratti waliif galanii Yasmin bira Wixata (Monday) hamma Jimaataa, Michael bira ammo dhuma torbanii (weekend) akka ijoolleen jiraatan murteessatan.

Yasmin fi Michael dhimma isaanii kana murteessachuuf polisii, jaarsummaa yokan mana seeraa keessatti hirmaachisuu hin barbaachisu.

Yoo waldhabbii, jeequmsi jiraate, yokan adda adda babbahaniinsaan booda yoo warra keessaa tokkoon bakka ijoolleen jiraatan irratti waliif galuu dadhaban,manni murtii keessa seenee bakka ijoolleef mijjatu murteessa.

Yoo waldhabbii yokan jeequmsi jiraate warra keessaa tokkoo isaanii (abbaa yokan haadha) kan ijoolleef kunuunsa kennuu qabu taasisee warra keessaa isa tokko garuu haala waliin akka ijoolleedhaan wal argan murtii itti kenna.

Fakkeenya

Maria fi Jonathan gargar bahuuf murteessatan. Jonathan yeroo dabre keessa jeequmsa uumaa waan tureef ajajni gargar ittisaa (intervention order) itti kennamee akka jeequmsa hin uumnee fi gara mana maatii isaas akka hin dhaqne kan jedhu ture.

Kun haa tahu malee, Jonathan ijoolleen turban tokko isa bira, turban itti aanu ammo Maria bira akka jiraatan barbaada. Maria ijoolleen yeroo hunda akka ishee waliin jiraatan barbaaddi.

Maria fi Jonathan waan tahuu qabu irratti waliif galuu hin danda'iniif, kanaaf manni murtii dubbicha roga hundaan ilaale.

Manni murtiis ijoolleen yeroo irra guddaa Maria waliin akka jiraatanii fi torban lamatti (fortnight) guyyaa lama Johnathan akka argan murteesse.

Ijoollotni kan yoo jeequmsa maatii argan, yokan jeequmsa maatiif saaxilaman, yoo jeequmsi maatii sun kallattiidhaan isaan irratti hin raawwatamne tahe illee akka miidhamaa/baraaramaa jeequmsa maatiitti ilaalaman. Sababni isaas ijoollotni yeroo gabaabaa, giddu-galeessaa fi dheerina keessa rakkoo fayyaa kan qor-qalbii (psychological), kan qaamaa fi sammuu qabaachuu danda'an. Jireenya isaanii guutuus isaan miidha.

Ijoolleen waan isaan miidhu irraa tiksamuun polisii, mana murtii fi seeraan dursi kan kennamuufii dha. Kanaaf, yoo ijoolleen jeequmsi yeroo raawwatamu dhagahan yokan argan, yoo kallattiidhaan jeequmsi isaan irratti hin raawatamne tahe illee jeequmsa maatii jedhama.

Yeroo hariiroon maatii gidduu jiru adda adda caccabu (breakdown), keessattuu yoo waldhabbiin (conflict) yokan jeequmsi raawwatame giddu-galeessa seera hawaasaa, Gargaarsa Seeraa Victoria, yokan Giddu-galeessa Hariiroo Maatii naannoo kee jiru gorsa seeraaf qunnamuun barbaachisaa dha.

Barbaachisaa

Sababa ajaja gargar ittisaaf yokan ajaja kan biroof yoo ijoollee kee arguu yokan itti dubbachuun siif hin hayyamamu tahe gorsa seeraa gidd-galeessa seera hawaasaa yokan Gargaarsa Seeraa Victoria irraa argachuu dandeessa.

Qunnamtii Barbaachisoo (Helpful contacts)

Dhadacha Maatii (Family Courts)

Dhadacha Bachoo Federala Australia (Federal Circuit Court of Australia)

305 William Street, Melbourne Vic. 3000

W: www.federalcircuitcourt.gov.au

E: enquiries@familylawcourts.gov.au

Bil: 1300 352 000

Dhadacha Maatii Australia (Family Court of Australia)

305 William Street, Melbourne Vic. 3000

W: www.familycourt.gov.au

E: enquiries@familylawcourts.gov.au

Bil: 1300 352 000

Jaarsummaa (Mediation)

Giddu-galeessa Hariiroo Maatii Magaalaa Melbourne (Family Relationship Centre Melbourne City)

Sadarkaa gara jalaa (kara Queen Street seenama)

Level Lower Ground Floor (enter via Queen Street)

379 Collins Street, Melbourne Vic. 3000

W: www.relationshipsvictoria.com.au

E: enquiries@melbournefrc.org.au

Bil: 8625 3666

Namootni jeequmsa maatiif qunnamuu haajaman (Contacts for people who use family violence)

Haala srdamaa keessatti, yeroo hunda 000 rukutii polisii yaami.

Tajaajila itti-qajeelcha Dhiirotaa (Men's Referral Service):

Gorsi (counselling), odeeffannoo fi bakki itti dabarsaman (referrals) bilbila irraan kennama.

Bil: 1300 766 491

W: www.ntvmrs.org.au

Gargaarsa seeraa (Legal help)

- Gorsa gargaarsa seeraa waa'ee seera maatii yokan jeequmsa maatii
- Bakka bu'ummaa tolaa yokan gatii saphlaadhaan
- Ajaja gar-gar ittisaa hubachiisuuf gargaaruu

Fitzroy Legal Service

Level 4, Fitzroy Town Hall,

Access via the laneway next to 126 Moor Street Fitzroy, VIC 3065

Bil: 9419 3744

E: enquiries@fitzroy-legal.org.au

W: www.fitzroy-legal.org.au

Victoria Legal Aid

570 Bourke Street, Melbourne Vic. 3000

Bil: 1300 792 387

W: www.legalaid.vic.gov.au

Find a Community Legal Centre near you:

www.fclc.org.au/find_a_clc.php

Qunnamtii miidhamtoota/dandamattootaaf

Haala srdamaa keessatti, yeroo hunda 000 rukutii polisii yaami.

Gargaarsa Seeraa

- Gorsa gargaarsa seeraa waa'ee seera maatii yokan jeequmsa maatii
- Bakka bu'ummaa tolaa yokan gatii saphlaadhaan
- Ajaja gar-gar ittisaa hubachiisuuf gargaaruu

Tajaajila Seeraa Fitzroy (Fitzroy Legal Service)

Level 4, Fitzroy Town Hall,

Karaa daandii qalloo 126 Moor Street Fitzroy, VIC 3065) aantee jirtuu itti bahana

Bil: 9419 3744

E: enquiries@fitzroy-legal.org.au

W: www.fitzroy-legal.org.au

Gargaarsa Seeraa Victoria (Victoria Legal Aid)

570 Bourke Street, Melbourne Vic. 3000

Bil: 1300 792 387

W: www.legalaid.vic.gov.au

Giddu-galeessa Seera Hawaasaan sitti dhihoo jiru ilaaluuf:

www.fclc.org.au/find_a_clc.php

Ajaja gar-gar ittisaaf iyyachuuf

Yoo Magaalaa Yarraa (City of Yarra) keessa jiraatta tahe ajaja gar-gar ittisaaf karaan ati itti iyyachuu dandeessu:

Sararaa internetaa irraan (Online)

www.familyviolence.courts.vic.gov.au/online-form

Dhadacha Mana murtii naannoo kan Giddu-galeessummaa Qajeelummaa Ollummaa (Neighbourhood Justice Centre Magistrates' Court) jirutti

241 Wellington Street,
Collingwood Vic. 3066
Bil: 9948 8777

Buufata polisii naannoo kee jiru

Buufata polisii Fitzroy

13 Condell Street,
Fitzroy Vic. 3069
Bil: 9934 6400

Buufata polisii Collingwood

1 Eddy Court,
Collingwood Vic. 3067
Bil: 8413 1700

Buufata polisii Richmond

217 Church Street,
Richmond Vic. 3121
Bil: 8420 3600